STAY SAFE MN

Oduu Sobaa Waa'ee Talaalliiwwan COVID-19 Sirreessuu

Namoonni hedduun waa'ee talaalliiwwan COVID-19 ilaalchisanii gaaffii fi yaaddoo qabu. Kun waanuma baratamaadha. Sanadi kun waa'ee talaalliiwwan COVID-19 irratti dhugaa jiru isinitti hima.

✓ Talaalliiwwan COVID-19 qopheessuu keessatti tartiibni balaa ittisuu irra darbame tokkoyyuu hinjiru.

Talaalliiwwan COVID-19 akkuma talaalliiwwan biroo tartiibawwan balaa ittisuu walfakkaatu keessa darban. Qorattoonni wal'aansaa sababni isaan saffisaan talaalliiwwan kana hojjechuu danda'aniif qorannoo duraanii waggoota hedduu fi maallaqa mootummaa federaalaa irraa kan ka'edha.

✓ Talaalliiwwan COVID-19 tokkoon tokkoon namoota gareewwan umurii hayyamamee keessa jiraniif ni hojjeta.

Akka isaan miidhaa-maleeyyii ta'anii fi hojjetan mirkaneeffachuuf, talaalliiwwan COVID-19 hundi namoota kumaatamoota umurii, sanyii fi qomoo garaa garaa irratti qoratamanii ilaalaman.

✓ Talaalliiwwan COVID-19 qaccee sanyii (DNA) keessan jijjiiruu hindanda'an.

RNA ergamaan (mRNA) talaalliiwwan Pfizer fi Moderna COVID-19 keessaa, wiirtuu seeliiwwanii bakka qacceen sanyii (DNAn) itti qophaa'u gonkumaa waan hinseenneef, qaccee sanyii namaa (DNA) jijjiiruu ykn fooyyessuu hindanda'u. mRNA n hojii isaa erga raawwatee booda qaaman dhabamsiifama.

✓ Talaalliin Johnson & Johnson COVID-19 miciree daa'ima gadameessa keessaa of keessaa hinqabu.

Talaalliin kun vaayirasii qufaa miidhaa hinqabne, kan 'adenovirus' jedhamu irraa qopheeffama. Vaayirasiin qufaa kun seeliiwwan daa'ima garaa keessaa irraa waggoota kurnan darban dura fuudhamanii qopheessaa talaallichaatiin turfaman irratti guddifama. Gareewwan amantaa fi dhaabbileen naamusa lub-qabeeyyii (bioethical institutes) hedduun akka jedhanitti talaalliiwwan biroon hanga hinjirretti namoonni osoo of hin ceepha'in talaallii kana fudhachuu danda'u.

✓ Talaalliiwwan COVID-19 maayikiroochiipsii of keessaa hinqaban.

Talaalliiwwan COVID-19 haarawni maayikiroochiipsii sochii namaa hordofanii fi to'atan of keessaa hinqaban.

✓ Talaalliiwwan COVID-19 wantoota tursiisuuf fayyadan, buphaa ykn oomishaalee foon booyyee hinqaban.

Talaalliiwwan COVID-19 wantoota kanniin of keessaa hinqaban: haancaa; tursitoota; ykn oomishaalee bineeldotaa, oomishaalee foon booyyee ykn jelaatiinii dabalatee. Talaalliiwwan kunniin buphaa keessatti hinguddifaman, oomishaalee buphaallee of keessaa hinqaban.

✓ Namoonni ulfa ta'an talaalamuu danda'u.

Ragaan yeroo ammaa nuti qabnu akka agarsiisutti, talaalliiwwan COVID-19 daa'ima garaa keessaa irratti dhiibbaa hinqabu ykn ulfa hinbaasu. Dubartiin ulfi bu'aawwanii fi balaawwan talaallii fudhachuu hubattee talaalamuuf dooktarii ishee waliin akka dubbattuuf gorsina.

Dabalataan kan baratamuu qaban

Waa'ee talaalliiwwan COVID-19 ammayyuu wantoota tokko tokko, kanneen akka ittisi talaalliirraa argamu hammam akka turuu fi talaallichi tatamsa'ina COVID-19 irratti hammam akka dhiibbaa qabaatu barachaa jirra. Wantootni kun garuu talaalliiwwan lubbuu oolchan fudhachuu tursuuf sababoota hinta'an. Hanga talaalliiwwan jiranitti, ogeessonni nageenyi talaalliiwwanii to'achuu itti fufu.

✓ Talaalliiwwan COVID-19 dhala nama hindhabsiisan/ hormaata hindhrku.

Gara fuulduraatti daa'ima godhachuu yoo barbaaddan, talaallii COVID-19 fudhachuu ni dandeessu. Rakkoon dhala dhabuu miidhaa maddii talaallichaa ta'uu isaatiif ragaan hinjiru.

✓ COVID-19 yoo isin qabee jira ta'e iyyuu talaalamaa.

Ittisi qaama namaa COVID-19n qabamuu irraa argamu hammam akka turu hinbeeknu, ittisi qaamaa hammam akka namni tokko dhukkubsate irratti hundaa'a yoo ta'es hinbeeknu. Akaakuuwwan talaallii namoota COVID-19n qabamanii turan irratti hammam akka dhiibbaa qabanis hinbeeknu.

✓ Talaallicharraa COVID-19 nama qabuu hindanda'u.

Talaalliiwwan kun vaayirasii COVID-19 kam iyyuu of keessaa hinqaban.

✓ Miidhaawwan maddii talaallamuu boodaa laafoodha.

Dhibee COVID-19n qabamuu waliin wal bira yemmuu qabamu miidhaaleen maddii laafoodha. Bakka lilmoon nama waraane nama dhukkubuu, diimatuu, ykn diimachuu; mataan nama bowwaafachuu; dhukkubbiin namatti dhagaa'amuu; dhadhabbii; qaama-gubaa gadi-aanaa qabaachuun talaalliin sun qaama keessan keessatti hojjechaa jiraachuu isaa agarsiisa. Miidhaa maddii kamuu yoo hinqabaannes HOMAA MITI. Namoonni garaa garaa haala garaa garaatiin talaalliiwwan simatu.

✓ Talaalliin COVID-19 bilisaan kennama.

Haalli inshuraansii ykn koolu-galtummaa keessanii waan fedhe iyyuu haa ta'uu kaffaltii gaafatamuu hinqabdan.

✓ Talaalliin hunda caalaa filatamaan isa jalqaba isinii dhiyaatedha.

Talaallii inni hunda caalaa filatamaan isa isin amma argachuu dandeessani dha. Talaalliin akaakuu kamuu haa jiraatuu, isuma inni filatamaan. Talaalliiwwan COVID-19 hundi dhukkuba hamaa COVID-19 irraa nama qabu ittisuudhaaf baay'ee gaariidha, jechuun namni tokko erga talaallii fudhatee booda yoo COVID-19 isa qabe carraan mana yaalaa seenuu isaa xiqqaadha, carraan COVID-19n qabamee du'uu isaas baay'ee gad aanaadha.

Odeeffannoo dabalataa kanarraa argadhaa [Waa'ee Talaallii COVID-19 (www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/vaccine/basics.html)](www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/vaccine/basics.html)

MINNESOTA

mn.gov/vaccine

Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 651-201-5000 | 625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975
Bifa biraan gaafachuuf health.communications@state.mn.us quunnamaaa. (Oromo)

5/13/2021